# Ilaalcha waliigalaa Karoora Gochaa Naannoo 2022–23 North Melbourne

## Paving the Way Forward

## Argachuu

**KAN BEEKAMTII QABU**

Gochootni karoora kana keessatti ibsaman duubdeebii hawaasaa 2021-22 irratti kan hundaa'anidha.

Karoorri kun fedhiiwwan, yaadota, kaayyoowwan jiraattotaa gara **qabxiilee xiyyeeffannoo** shanii fi **gochoota** 65 itti qoqqooda, kunis karaa **miiltummaa, maallaqa qabameefi** fi **beeksisaa** hojii irra kan ooludha.

Tokkoon tokkoo qabxiilee xiyyeeffannoo kana jalatti, karoorichi kanneen armaan gadii ibsa:

- Waa'ee rakkoolee jiraattota mudatee **waan isaan irraa dhageenye**
- **Waan jiraattonni** akka jijjiiramu **barbaadan**, fedhii fi hawwii isaanii
- Naannoo xiyyeeffannoo kanaatti **waanta galmaan geenyu**
- Kaka'umsoota, fedhiiwwanii fi rakkoowwan kanneen furuudhaaf **waanti nuti goonu**. Yaadotni kunneen baay'een isaanii jiraattota waliin ta'uudhaan kan ijaaramanidha, akkasumas jiraattota, dhaabbilee hawaasaa, gositoota naannoo fi miltoowwan biroo waliin ta'uudhaan kennamaa jiru.

| Qabxii xiyyeeffannoo | Galmoota keenya | Gochaawwan naannoo |
|---|---|---|
| Qunnamtii fi hirmaannaa | • Jiraattotni yeroo ammaa kenninsa murtoo keessatti hirmaachuu irratti ofitti amanamummaa isaani dabalanii jiru<br>• Jiraattotni murteewwan ijoo kan mana isaanii, ollaa fi tajaajiloota isaanii irratti dhiibbaa qabaachuu danda'an keessatti hirmaatanii jiru<br>• rakkoowwan fi dhiibbaalee ifatti argan furuu keessatti ni hirmaatu | • Garee gochaa jiraattotaa bu'ureessuu<br>• Moodeloota kenniinsa murtee jiraattotaa wixineessuu keessatti hirmaachuu<br>• Sagantaalee barnootaa hojiiwwan mootummaa irraa<br>• Kennaawwan maallaqaa, hoggansa hawaasaa, fi leenjii mootummaa<br>• Hirmaannaa kaawonsili naannoo<br>• Dhaabbata jiraattotaan hogganamu ijaaruu<br>• Gorsa jiraattotaa fi qooda fudhattoota gidduutti taasifamu<br>• Saanduqa yaadaa<br>• Waltajjii haasaa dargaggootaa |

| | | |
|---|---|---|
| Suphaa fi mijaa'ina | • Jiraattonni beekumsa kiraa manaa fi bulchiinsa naannoo dabalanii jiru<br>• Bulchiinsi qabeenyaa fi kiraa yeroo fi fedhii jiraattotaaf deebii kan kennudha | • Tarree barnoota suphaa fi manneenii<br>• Kuusaa simannaa kireeffattoota haaraadhaaf<br>• Adeemsa naannoo irraa qabeenya qabatamaa<br>• Odeeffannoo mana jireenyaa salphisuu<br>• Konfiraansii kireeffattootaa waggaa yaalii<br>• Gahinsa tajaajiloota hawaasaa fooyyessuu<br>• Konkolaattota hin beekamne dhabamsiisuu<br>• Seera dhaabbii konkolaataa(paarkiingii) kabajuu fooyyessuu<br>• Gaaffilee suphaa muuxannoo digitalaawaa fooyyessuu<br>• Jiraattota waliin karaalee qunnamtuu garaagaraa irratti yaalii gaggeessaa |
| Qacarrii fi barnoota | • Jiraattotni kaka'umsaa akkasumas hojii fi leenjii barbaaduudhaaf deeggarsa isaan barbaachisuu argachuu isaanii ol guddifatanii jiru<br>• Jiraattonni daandii hojii fi carraa hojii kan naannoo sanaa kan hawwii hojii isaanii, sa'aatii jiru, fi fedhii aadaa isaanii wajjin walsimu baay'ee argachuu danda'u | • Dureewwan qacarrii hirmaachisuu, qaajeelchuu akkasumas adda baasuu<br>• Deeggarsa daldala xiqqaa fi Intarpiraayiziiwwanii<br>• Karoora qacarrii ilaamame tokko baasuu fi hojii irra oolchuu<br>• Gahinsa qacarrii beeksisuu<br>• Kaka'umsoota qacarrii jiraattotaa deeggaruu<br>• Ijoolleen dargaggoo hojii akka argatan gargaaruu<br>• Jiraattota Muummee Barnootaa fi Leenjii waliin wal-qunnamsiisuu |

| | | |
|---|---|---|
| Nageenya,fi fayyummaa | • Tajaajilootaa fi jiraattota gidduu walitti dhufeenya fooyya'aa ta'e<br>• Jiraattotni tajaajila isa sirrii ta'e yeroo sirrii ta'etti argachuu ni danda'u<br>• Jiraattotni manneenii isaanii fi ollaawwan isaanii keessattii nageenyi itti dhagahama | • Sagantaa gahinsa fayyaa<br>• Sagantaa fayyaa sammuu<br>• Sagantaalee fayyaa fi nageenyaa<br>• Kutaalee odeeffannoo fayyaa<br>• Garee taphaa maatiidhaan durfamu<br>• Sochiiwwan mana barumsaa boodaa kan dursi kennamuuf<br>• Garee taphaa guutuu dhalootaa<br>• Dalagaalee dargaggootaa<br>• Tajaajiloota naannoo qajeelchuu fi beeksisuu<br>• Haqa qabeessummaa tajaajilootaa<br>• Kaka'umsa fayyaa fi nageenya shamarranii<br>• Gamaggammii ittisa yakkaa<br>• Ibsaa ibsuu fooyyessuu<br>• Fooramii nageenya hawaasaa<br>• Daakkitii bishaanii aadaan wal-simataa ta'e<br>• Nageenya shamarranii beeksisuu<br>• Qoqqoodinsa odeeffannoo gaarii ta'e<br>• Walitti dhufeenya ollaawwanii<br>• Deeggarsa maatiiwwaniif<br>• Barnoota fi deeggarsa seeraa<br>• Woorkishooppiiwwan barnoota faayinaansii |

| | | |
|---|---|---|
| Qunnamtiiwwanii fi bakkeewwan hawaasaa | • Bulchiinsa fooyya'aa iddoowwan waliin fayyadaman jiraattota fayyadamoo taasisuu<br>• Jiraattonni hawaasa cimaa uumuudhaan walitti dhufeenya hawaasummaa fi hawaasaa isaanii ijaaru | • Odeeffannoo haaraa mooraa mana murtii Pampas Street<br>• Si'eessii kutaa hawaasaa Pampas Street<br>• Bakka balfi itti gatan dabaluu<br>• Carraa fooyya'iinsa dirree tapha Sutton Street barbaadi<br>• Agarsiiftuu kallattii fooyyessaa<br>• Kalaqaa jiraattotaa deeggaruu<br>• Carraawwaan kennaa maallaqaa beeksisuu<br>• Sagantaa kennaawwan maallaqaa PTWF<br>• Teessoowwan Wi-fi<br>• Guyyoota hawaasaa<br>• Piroojeektii bilcheessii nyaataa North Melbourne<br>• Piroojeektii aartii hawaasaa<br>• Walittidhufeenya gareewwan hawaasaa<br>• Ba'iinsa hawaasaa<br>• Bakkeewwan shamarranii, dargaggoo fi barattootaa adda baafachuu<br>• Bakkeewwan hawaasaa dabalataa adda baafachuu<br>• Garee kubbaa baaskeettii Alfred Street ol guddisuuf carraawwan barbaaduu<br>• Bakkii paarkiingii biskileetaa eegumsa gaarii qabu barbaaduu |

Waa'ee PTWF North Melbourne odeeffannoo dabalataa argachuudhaaf yookiin kallattii ilaaalcha karooraa qabdanii irratti mari'achuudhaaf , maaloo <pavingthewayforwardNMF@dhhs.vic.gov.au> irratti garee PTWF'f iimeelii godhaa .

Sanada kana bifa biraatiin argachuudhaaf, <PavingTheWayForwardNMF@dhhs.vic.gov.au> irratti garee Paving the Way Forward'f imeelii ergaa .

Mootummaa Viiktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne'dhaan eyyamamee kan maxxanfame.

Paving the Way Forward kaka'umsa Mootummaa Viiktooriyaa kan Maatiiwwan, Haqummaa fi Manneeniin deeggaramudha. Cohealth, North Melbourne Language & Learning(Afaanii fi Barnoota Kaaba Meelborn), Drummond Street, fi Mission Awustiraaliyaa.

© State of Victoria, Aawustiraaliyaa, Muummee Maatiiwwanii, Haqummaa fi Manneen, Onkoloolessa 2022.

ISBN 978-1-76130-041-7 (pdf/online/MS word)

Kaka'umsa Paving The Way Forward <https://www.dffh.vic.gov.au/paving-way-forward-initiative> irratti ni argama.

**KAN BEEKAMTII QABU**